# Walhubannoo fi Waliigaltee ABO

Guraandhala 16, 2013, London, United Kingdom

Walgahii ibsa walhubannoo ABO SG , ABO QC fi GQM ABO gaafa Guraandhala 16, 2013 London keessatti ta'e milkiin xumurame.

Walgahii kana irratti miseensotni, deeggartootni fi ummatni Oromoo London jiraatanii fi biyya Ingilizi naannoo adda addaa irraa hedduminaan dhufan argamtanii ture. Walgahii kun ebba manguddoon eegaleme. Akkaataa araarri qaamota kana gidduutti jaqabame as gahe, qabxiilee irratti waliigalame, rakkina ture irraa waan baratamee fi akkaataa walhubannoo fi araarri kun hojii irraa oolu irratti karaa bakka bu'ootaa qaamota sadeenii ibsi bal'inaan kennamee jira.

Ibsa booda sagantaan maree, gaaffii fi deebiin bal'inaan ture. Kana keessatti tokkoomuu ABOtti ummatni Oromoo hedduu akka itti gammade ibsaa ture. Tokkuummaa dhabuurraan kan ka'e gabrummaan nurra turte; sabni xixxiqqoon biraallee nu tuffate kan jedhuu ture. Walgahii kana adda kan taasise Oromoon haala adda addaan walirraa fagaatee ture bakka tokkotti hafuura tokkummaan walitti dhufuu dhimmaa waloo isaa irratti waliin mariihachuu ture. Sagantaa kana irratti ummatni Oromoo yeroo dheeraaf tokkummaa ABO hawwaa ture gammachuu guddaantu itti dhagayame; guyyaan araaraa kunis seenaa Oromoo keessatti bakka guddaa akka qabuu fi armaan booda wal duukaa hiriiree mirga isaaf falmatuu bu'uura guddaa akka ta'e ibsaa turan. Kunis hamilee Oromoo hedduu haaromsee ture. Gammachuu itti dhagayame irraan kan ka'e namni kaan immimmaan waliin yaada isaanii ibsataa turan.

Itti dabalees, tokkummaan jalqabame kun akka hojiitti hiikamu abdii keenya; hojiitti hiikuu irratti dhaabni keenya ABOn akka jabinaan hojjetu dhaammanna; ummatni Oromoos bakka jirru maratti tokkummaan jabeeffannee akka hojjennee diina ofirraa kaafnu waadaa galla kan jedhu yaadota hirmaattota irraa dhagayamaa turanii dha. Ammaan booda walirratti hojjechuu utuu hin taane waliin hojjechuu, maqaa wal xureessuu utuu hin taane maqaa waltolchuu, wal laaffisuu utuu hin taane waljajjabeessuun dirqama tokko tokkoo keenyaa irraa eegammuu dha jedhamaa ture.

Gara fuulduraatti dhibdeen armaa dura ture akka nutti hin deebine irratti hojjechuu qabna, dhaabni keenya ABOnis adda durummaan waan kana irratti hojjechuu qaba kan jedhu dhaammannaa biraa ture. Walaloon tokkuummaa Oromoo jabeessuu fi nama hamileessu dardara Oromoo tokkoon erga dhagayamee sangantaan waliin bashannannuu ta'ee walgahiin milkiin xumuramee jira.

Injifannoo Ummata Oromoof!
Gadaan Gadaa Bilisummaa ti!
Tokkuummaan Humna!

Ummata Oromoo biyya UK